Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Mucaaa Badee Argame



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Yasus dhiifama namaaf gochuu Waaqayyoo namootatti himuuf jaalata. Geggeessitiooti Israa'el Yasus harii akkasii warra cubbamootaa waliin qabaachuu isaa jibbaa turan. Cubbamooti cubbuu isaanif dhiifama yeroo kadhatan Waaqayyotti akka tolu seenaa sadii isaanitti hime.

Seenaan inni jalqabaa waa'ee namicha hoolota dhibba tokko qabuudha. Isaan keessa tokko bade. Tikiseen warra sagaltamii sagalii dhiisee ishee tokkoo bade barbaacha deeme.




Tikseen hamma ishee bade tokkittii sana argutti irra deddeebi'ee babaade. Gateettii isaa irra kaa'ee gara manaatti gammachuun fide. Hoolaa koo bade waanan argadheef,
"Ana waliin gammaadaa jechuunhiriyoota isaatti hime."

Cubbaan cubbuu isaa irraa deebi'ee araara yeroo gara Waaqayyootti deebi'u Waaqarraa gammachuu guddaatu ta'a. Dhiifamuu cubbuu hojjetameef dhiifama gaafachuu dhiifa taasifameen dhabbataan bilisummaa argachuu jechuudha. Santima ishee keessa tokko jalaa bade.

Seenaa lammaaffaa
Yasus itti hime waa'ee
dubartii bara jireenya
ishee guutuu saantima
qusattu ture.
Waanti gaddisiisaan
ishee mudate.

Haxaa'an! Haxaa'an! Haxaa'an!
Dubartooti bakka
hundumaa barbaadan.

Xumura irratti saantima bade argatte. Baayyee gammadde turte. Waan isheen goote tilmaamtaa? Eeyyee hiriyoota ishee hundumaatti himte!

Yasus irra irra deebi'ee, "Cubbaamaa gara Waaqayyoo dhufee araara argatee Ergamooti Waaqaa gammachuu guddaa dhageessisu."

Seenaa sadaffaan Yasus itti
himee waa'ee gaddaati.
Waa'ee gurbaa mana
abbaa isaa dhiisee
deemee itti dubbate.



Gurbichi biyya fagoo deemee qarshii qabu gowummaan baase. Amma igaa maal gochuu qaba? Waantoti baayee rakkisoo ta'an, beelli itti dhufe. Utuma jedhuu du'uuf ka'e.



Beela keessa ta'e hojii booyyee nyaata nyaachisuu argate. Isa garuu kan nayaachisu hin jiru. Gamachuun foon booyyee nyaate. Gar xumuraatti gurbichi gara yaada isaatti deebi'e. "Manatti deebi'e, garbooti illee akka gaariitti nyaatu," jechuun yaade.





"Mana deemeen abbaa kootti hima cubbuu koof dhiifaman gaafadha. Kana booda mucumaa kootiin ala ba'ee gammachuu argachuu hin danda'u. Akka hojjetaa mana isaatii illee na qacarata jedheen abdate.

Gurbaan mana irraa fagaate turee yeroo dhufu, abbaan isaa dhufa isaa arge. Deebi'ee galuu isaatti abbaan waan gammadeef itti fiige dhungate itti marame.



"Abbaa, koo ani cubbamaadha. Mucaa siif ta'uun naaf hin ta'u." Gurbaan akka hojjettoota isaatti akka isa qacaruuf abbaa isaa gaafate. Grauu abbaan gaaffii isaa addaan kuchisiisee kophee, qubeelaa qopheessee fii nyaata nyaachise.

Gurbaa bade galeef walitti qabamanii akka nyaataniif sagantaan guddan qophaa'e. Yasus seenaa kana itti himee hamma Waaqayyo cubbamoota qalbii diddiirratn gara isaa dhufan jaallatu isanitti agarsiise.



Mucaaa Badee Argame

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Luuqaas 15

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16